Nabiyyiin - Rabbiin rahmataa fi nageenya isaan irratti haa buusu- kophee isaanii uffachuu, rifeensa isaanii filachuu, of qulqulleeffachuu fi dhimmoota isaanii hunda keessatti mirga dursuu jaallatu turani

Aa'ishaa haadha mu'umintootaa irraa akka odeeffametti -Rabbi isii irraa haa jaallatu- ni jette: Nabiyyiin - Rabbiin rahmataa fi nageenya isaan irratti haa buusu- kophee isaanii uffachuu, rifeensa isaanii filachuu, of qulqulleeffachuu fi dhimmoota isaanii hunda keessatti mirga dursuu jaallatu turani.

[sirrii] [Bukharif muslim irratti waliigalan]

Nabiyyiin -Rabbiin rahmataa fi nageenya isaan irratti haa buusu- dhimmoota isaanii kabajaaf malu keessatti miragaan eegaluu kan jaallatanuu fi caalchifatanu turani, sana keessaa: kophee isaaniii offachuu keessatti mirgaan eegaluu, akkasumas rifeensaa fi areeda isaanii filachuu fi dibata isaaf dibuu keessattis mirgaan eegaluu, akkasumas wuduu'a isaanii keessattis harkaa fi miila yeroo dhiqatan mirga isaanii bitaa dursuudha.

http://www.sunnah.global/hadeeth/om/show/3018